



Guyyaa Hundaa Lubbuudhaaf

Sadarkaalee Arfan Echi Aayee Vii



Sagantaa Raadiyoo Beetanyaa

Beetanyaan sagantaa raadiyoo namootni dhiiga isaanii keessa H/Vn jiru muuxannoo jireenya isaanii odeeffannoo kennuu dha.

- **Shager FM 102.1**
Jimnata guyyaa 8:30
Wiixata galgala 2:10 (keessa deebi)
- **Raadiyoo Oromiyaa (Afaan Oromoo)**
Sanbata xiqqaa galgala 12:08
Kibxata ganama 12:38 (tiradeebi)
- **Dimisi Wayyaanee Tigraay (Afaan Tigreen)**
Dibbata ganama 3:30 irraa jalqabee
FM maqalee 10:44
Sanbata xiqqaa ganama 1:30-1:50
Kibxata galgala 1:30-1:50
- **Dhsab-Qunnamtii Amaaraa**
Sanbata Xiqqaa Ganama 1:30 irraa jalqabee
FM Baahir Daar 96.9 Kibxata guyyaa 8:30 irra jalqabee
- **FM Dehuub 100.9**
Sanbata Xiqqaa 8:05
Roobii (irra deebi) 8:05



952 Wagan Eeds Took Laayen

- **Wagan Took Laayeniiin wirtuu waa'ee H/V/Eedsii**, dhuukuuboota wal qunnamtii salaatiin daddarbani fi tibbi karaa bilbilaaan teffiridhaan tajaajila gorsa fi hawwaasaaf tti hiranii dha (kennuu dha).
- **Iddooleen tajaajilichaan fayyadaman :-**
Kutaalee biyyatti sarara bilbilaa qaban
(Naannoo, Godina, Aanaa, Ganda, Mageaalaa fi Baadiyyaa) hunda.
- **Yeroon hojii :-** Guyyaa hunda Wiixataa hanga Sanbata Xiqqaa ganama sa'atii 2:00 hanga halkan sa'atii 6:00tti.
- **Afanoolee hojii :-** Amaariffa, Afaan Oromoo, Tigriiffa, Afaraariffa, akkasumas afanoolee biroo biyya keessaa.
- **Kaffaltii :-** Bilbilaa idilee-moobaayitii akkasumas bilbilaa uummataa irraa 952 yeroo bilbilan kaffaltii irraa bilisa.



The leaflet was supported by cooperative Agreement Number U62/CCU32018-01 from CDC. Its contents are solely the responsibility of the authors and do not necessarily represent the official views of CDC.

Odeeffannoon dabalataa yoo isin barbaachise teessoo armaan gadiitiin argachuu dandeessu:-

Wiirtuu Odeeffannoo Eedsii

Sitii Senterii Danbal

Gamoo 9ffaa yookaan 10ffaa

L.S.Poolstaa 26171 Koodii 1000

Finfinnee : Itoophiyaa

Bilbila :- 011-550-35-84

Faaksii:- 011-550-37-49

II-Meelii:- arc@etharc.org

Web Saayitii:- www.etharc.org

Sadarkaa 1

Yeroo itti echi aayee viin dhokatu

Namni tokko echi aayee viidhaaf akka saaxilame ,echi aayee vii poseetiiv ta'uu isaa yookaan ta'uu dhiisuu isaa beekuuf turbanoota 12 eeguutu irra jiraata.Sababiin isaas qaamni echi aayee vii dhiiga keenya keessa galeef deebii kan kennan seelota farra dhukkubaa maddisiisuuf torbanoota 12 waan itti fixuuf. Yeroon torbanoota 12 kun yeroo echi aayee viin itti dhokatu jedhamee waamama.Yeroo kana namni haaraan huubame mallatooleen dhukkubbii utaalloo fakkaatan irratti argamuu ni danda'a.

Erga echi aayee viidhaaf saaxilamtanii booda torbanootni 12 utuu hin darbin qoratamtanii firiin isaa yoo neegeetiiv (bilisa) ta'e iyyu namoonni echi aayee viin dhiiga isaanii keessa jirachuu dhiisuu isaatiif mirkanessaa hin ta'u.

Seelonni echi aayee vii lolan yoo qaama keessatti argaman firiin isaa poosetiiv ta'a.Seelonni yoo dhiiga keessatti hin argamne immoo firiin isaa neegeetiiv (bilisa) ta'a. Namni tokko vaayiresichaaf erga saaxilamee booda utuu torbanoota 12 hin guutin qoratamee firiin isaa neegeetiiv yoo ta'e qorannocha keessa deebi'ee torbanoota 12 booda godhuu qaba.

Sadarkaa 2

Dhibeewwan hidhataa yeroo itti hin mul'anne

Namni tokko echi aayee viidhaaf yoo saaxilame,torbanoota 12 yeroo echi aayee viin itti dhokatu yoo darbe iyyuu mallattoo dhukkubaa gosa kam iyyuu utuu hin agarsiisin fayya qabeessa ta'e jiraachuu waggootii hedduuf turuu ni danda'a.Yeroo kana vaayiresichaaf namni saaxilame fayyinni itti dhagaahamuu fi akkuma durii dalagaa isaa dalaguu ni danda'a.Mallattoo dhukkubaa kamii iyyuu agarsiisu dhiisuu yookaan darbee darbee dhukkubuu,madaa naannaa qeensaa agarsiisuu ni danda'a.

Yeroonkun yoo xinnaate ji'oota muraasaaf,yoo baayyate immoo waggoota 12f turuu ni danda'a.Dheerinni fi gabaabinni yerochaa haalla walii galaa fayyaa namichaa/ishee fi erga echi aayee viidhaaf saaxilamanii booda akkaataa itti isaan mataa isaanii eeganiin murtaa'a.

Sadarkaa 3

Dhibeewwan hidhataa yeroo itti mul'atan

Humni echi aayee vii ittisuu qaama akka dadhabaa deemuun namichi dhukkuboota dhibeewwan hidhataa jedhamaniif saaxilamu Qaamni keenya dhibeewwan inni dhadhamu jira.Garuu qaamni keenya yeroo echi aayee viidhaan dadhabu dhibeewwan hidhataa kanaan

salphaatti huubama.Dhibeewwan hidhataa bal'inaan beekaman gid-duudhaa michii sonbaa(tiibii),daranyoo sonbaa,madaahuu afaanii fi almaaz baalla ciraa kan fakkaatan keessatti argamu.

Sadarkaa 4

Yeroo itti dhibeewwan eedsii mul'isan uumaman

Echi aayee viin jabaachaa fi sirna dhibe ittisuu qaamaa yeroo huubaa deemu vaayiresichaaf kan saaxilaman suuta suuta dadhabaa deemuun gara huubamaa eedsii ta'uutti cehu.

Eedsiin tuuta dhukkubootaa namoota echi aayee viin dhiiga isaanii keessa argamu huubanii dha.

Namni tokko ogeessa fayyaatiin qoratamee huubamaa eedsii ta'e jechuun battaluma sana du'a jechuu miti.Itoophiyaa keessa namooti baayyeen huubamtoota eedsii ta'uun isaanii erga mirkanaa'ee booda waggoota hedduuf jiraachuu danda'aniiru.

Yaaliin farra echi aayee vii umurii naamoota kumaan lakkaa'aman echi aayee vii fi eedsii wajjin jiraatan dheeressuuf gargaareera. Dhibeewwan hidhataa fi miidhaa qaban hedduu ittisuu fi yaaluun dandaa'ameera.